

STATE OF WASHINGTON  
DEPARTMENT OF SOCIAL AND HEALTH SERVICES  
ECONOMIC SERVICES ADMINISTRATION (ESA)  
DIVISION OF CHILD SUPPORT (DCS)

**Xalayaa Gadhiisa Odeeffannoo Teessoo**  
**Address Release Information Letter**  
(RCW 26.23.120, WAC 388-14A-2107)

TIIF:

LAKK. DHIMMAA:

Bulchiinsi tajaajilawwan dinagdee (ESA), Kutaa deeggarsa daa'immanii (DCS) yoo ati ulaagaalee kanneen armaan gadii kan guuttu ta'e, waa'ee qaama biraa ajaja deeggarsa daa'ima keetii yookin uumamaan kan keetii kan ta'e yookin kan ati eegdu tarii odeeffannoo teessoo muraasa siif kennuu danda'a hordoftuu waan barbaachisaa ta'e.

1. Ati dirqama ESA / DCS dhaaf jecha barreeffamaa maalif akka odeeffannoo teessoo barbaadde nuuf ibsu kennuu qabda. ESA / DCS guca ati itti fayyadamuu dandeesu kan "**Address Disclosure Request**" jedhamu ni qaba.
2. Ati dirqama ESA / DCS dhaaf jecha ajaja kee daangessuu, ganuu, yookin mirga daawwachuu kee jijjiiruu, sadarkaa eeggannoo seeraa, yookin mirgoota yeroo jiraattummaa manni murtii hin jijjiirre dhiyeessuu qabda.

ESA / DCS sababiiwwan armaan gadiitif qofa tarii odeeffannoo teessoo hordoftuu gadhiisuu.

1. Ati tarii teessoo yeroo dhumaatif beekame yookin odeeffannoo teessoo mindeessaa waa'ee qaama biraa ajaja deeggarsa keetii gaafata. Ati tarii odeeffannoo kana ajaja deeggarsa keetii ijaaruu, dirqisiisuu, yookin fooyyessuuf **qofa** itti fayyadamta.
2. Ati tarii teessoo daa'ima keetii kan uumamaa yookin kan ati guddiftuu yeroo dhumaatif beekame gaafatta ta'a. Ati ajaja mana murtii mirga daawwachuu waliin, kan eeggannoo seeraa, yookin kan yeroo daa'ima waliin jiraachuu dirqama qabaachuu qabda. Ati odeeffannoo kana tarii jechoota ajaja mana murtii keetii hojii irra oolchuuf **qofa** itti fayyadamta ta'a.
3. Ati tarii teessoo qaama biraa ajaja deeggarsa keetii isa yeroo dhumaatif beekame gaafatta ta'a. Ati odeeffannoo kana tarii karoora abboomummaa ajaja deeggarsaa irratti daa'immanii maqaan isaa eeramee ijaaruf **qofa** itti fayyadamta ta'a.

Ati yookin bakka bu'aan kee "**Address Disclosure Request**" DCS dhaaf teessoo fuula 2 irra jirutti dirqama deebisuu qabdu.

1. Ati tarii biiruu DCStti argamtee eenyummeessa mijaawaa nutti agarsiista ta'a. Yoo bakka bu'aan kee gaafficha nuuf erge, ati argamuun sirra hin jiru.
2. Yoo ati gaaffii karaa mana poostaan dhiyeessite, ati dirqama guca mirkaneeffamaa qabaachuu qabda. Yoo bakka bu'aan kee gucicha gara DCS erge, bakka bu'aan kee guca mirkaneeffamaa qabaachuu hin qabu.

### **Gaaffiilee gadhiisa teessoo maatiilee eegduu yookin daa'immanii:**

ESA / DCS maatiilee mit eegduuf odeeffannoo teessoo maatiilee eegduu yookin daa'immanii kennuu danda'uu isaatin dura, nuti waa'ee gaaffii maatii eegduuf dirqama himuu qabna. Maatiin guddistuu kanneen armaan gadiitif guyyoota 30 qaba:

1. Ajaja mana murtii akka ESA / DCS teessoo hin gadhiisne dhoorku argachuu.
2. Ajaja mana murtii kan mirga maatiileen mit eegduu akka maatii eegduu yookin daa'ima hin daawwanne yookin hin qunnamne daangessu kennuu yookin qabaachuu.
3. Ajaja mana murtii kan waa'ee fayyaa, eeggannoo, yookin bilisa ta'uu kan ibsu argadhu malee yoo ESA / DCS teessoo (WAC 388-14A-2114(1)(C))gadhiise warri eegduu yookin daa'imti sababa tokko malee balaa irra kan bu'an ta'a.
4. ESA / DCS teessoo hin gadhiisne abbaa seeraa seera bulchiinsaatti himachuuf biiroo yaada qaban ittiin ibsatan (eejansii mootummaa adda ta'e) irraa carraa yaada qabdu ittiin ibsitu gaafadhu.

Maatiin mit eegduu carraa yaada qabu ittiin ibsu yoo gaafachuu baate, ESA / DCs gaaffii keetif guyyoota 45 keessatti deebii kenna. Maatiin eegduu carraa yaada qabu ittiin ibsu kan gaafate yoo ta'e DCS sitti hima. Tarii ati yaada qaban ibsachuu irratti ni hirraata ta'a.

Yoo ESA / DCS gadhiifamni teessoo maatii eegduu yookin daa'ima irratti miidhaa qaamaa yookin sammuu kan dhaqqabsiisu akka ta'etti fudhachuuf sababa qabau ta'e, ESA / DCS teessoo hin gadhiisu. ESA / DCS akka teessoon hin gadhiifamne ni murteessa, waa'ee gaaffichaatis ESA / DCS maatii eegduutti ni hima.

### **Gaaffiilee gadhiisa teessoo maatii mit eegduu:**

Yoo maatiin mit eegduu duraan dursee gaafatate malee akka ESA / DCS teessoo maatiilee mit eegduu maatiilee eegduu ta'aniif beeksisa duraa malee akka kennu seerri Washington ni eeyyama. Yoo maatiin mit eegduu beeksisa duraa gaafatateera ta'e, adeemsawwan gadhiisa teessoo akkuma gadhiisa teessoo maatiilee eegduu kan ta'uu dha. Haata'u malee, ESA / DCS gadhiisni teessoo maatii miti eegduu maatiilee miti eegduu irratti miidhama qaamaa yookin sammuu ni fida jedhee fudhachuuf sababa yoo qabaate, ESA / DCs teessoo hin gadhiisu.

---

GUY YAA

---

AUTHORIZED REPRESENTATIVE  
ECONOMIC SERVICES ADMINISTRATION  
PUBLIC DISCLOSURE UNIT

Yoo ati gaaffii qabaatte, kan qunnamtu:  
DIVISION OF CHILD SUPPORT  
PO BOX 11520  
TACOMA WA 98411-5520

Naannoo waamicha Olympia keessatti (360) 664-5000

Naannoo waamicha Olympian alatti (800) 457-6202

Namoota rakkoo dubbachuu yookin dhageettii qabaniif tajaajilawwan TTY/TDD ni argama.  
Weebsaaytii keenya: [www.dshs.wa.gov/esa/division-child-support](http://www.dshs.wa.gov/esa/division-child-support) irratti daawwadhu

Namni kam iyyuu sababii Gosa, bifa, biyya dhalootaa, ilaalcha, amantaa, saala, umurii, yookin qaama miidhamaa ta'uu isaatin kan ka'e hojjetaa ta'ee qacaramuu, tajaajilawwan, yookin kallattii gochaalee sagantichaa kam iyyuu irraa addaan hin baafamu. Yoo barbaachisaa ta'e guca kana formaatii filannoo biraatin argachuun ni danda'ama.